Haala Qabsoon Bilisummaa Oromoo Keessa Jiru Ilaalchisee Ibsa ABO

16 Hagayya 2020

Kaayyoo fi gaaffiin qabsoo ummata Oromoo sirna bittaa koloneefataa abbaa irree Habashaa ykn Nafxanyaa of irraa buqqisee bilisa bahee abbaa fi haadha biyyaa ta'u isaa mikaneessuu dha. Qabsoo kana gufachiisuuf mootummaan koloneefatan Itoophiyaa werara Oromiyaa irratti labsee ummata Oromoo irratti yakka sanyii daguuggaa geggessa jira.

ABOn ijaaramee kan inni qabsaa'aa jiru mirga hiree murteeffannaa ummata Oromoo dhugoomsee, uummata Oromo bilisoomsee, Oromiyaa walaboomte mirkaneessee, iggitti itti godhee mootummaa walabaa fi kan sirna Gadaatiin bulu dhaabuu dha.

Addaa addummaa ilaalcha siyaasaa ABO keessatti dhalate irraa kan ka'e dhaabichi bakka adda addaattii faffaca'ee jiraachuun wal nama hin gaafachiisu. Garaagarummaan kun erga ifattii as bahee eegalee miseensotni ABO kaayyoo bilisummaa gadi hin lakkisin deebifnee dhaabicha tokkoomsuuf tattaaffii adda addaa gochaa turre, itti jirras.

Qabsaa'oti kaayyoo tookkoof qabsaawan bakka adda addaatti gurmaa'uun qabeenyaa fi humna Oromoo hiruun isaa laafinaa fi afaanfajjii guddaa uummata Oromoo irraan ga'ee jira.

Tokkuumma ABO deebifne dhinsuuf yaaluutti daballee mooraan qabsoo bilisummaa Oromoo akka humna'uf dhaabilee kannen wajjinis walti dhufnee Tokkuummaa Humnoota Bilisummaa Oromiyaa (THBO/ULFO) ijaarree waliin qabsoo Oromoo finiinsuuf yaalii guddaa gochaa turre.

Qabsaa'oti Oromoo kaayyoo tokkoof qabsaawan bakka adda addaatti gurma'un qabeenyaa fi humna Oromoo hiruun isaa laafina fidee jiru balinaan xiinxaluun hubannaa ga'aa horanneera. Kanaaf, gurmuulee ABO hafan mara kaayyoo tokko jalatti deebifnee tokkoomsuuf hedduu yaalle.

Ammas taanan ABOn dhaabilee, aktivistoota, qeerroo fi qarree warra uummata Oromoo fi Oromiyaa diina koloneefataa nafxanyaa fi abbaa irree Bilxignaa jalaa baraaruuf qabsaa'anii hundumaa wajjin walhubanoo fi walii galtee tokko irra geenyee walii wajjin hojjechuuf qophii dha.

Walumagalattii:

- Dhaabilee fi qabsawotni dhugaa, dhimmi tokkuumma mooraa Oromoo hunda caala fardii ta'uun hubatame tokkuumman dhugaa akka ijaaramu waamicha lammummaa dhiheesina,
- Sirni Nafxanyaa fi abbaan irree Bilxigna weerara qawwee Oromiyaa irratti labse hatattamaan akka dhaabu akkekachiifna,
- Ajjeechaan qabsawa Hacaaluu Hundeessaa irratti godhame akka oggeesota seeraa kanneen humna Nafxanyaa irraa bilisa ta'aniin qoratamu hubachiifna,
- Hoogantootii, qabsaa'oti, aktivistooti, journalistootii fi namoon Oromoon hidhaman hundumtuu mana hidhaa keessaa ba'uu gad-lakkifamuu akka qabanii fi
- Mediyaaleen Oromoo humna Nafxaanyaatiin ugguraman hundumtuu hojii isaaniitti akka deebi'an.

Ummatni Oromoo bakka jirtanitti cunqursaaf osoo hin jilbeeffanne qabsoo bilisummaa biyya keessaniif geggeessa jirtan finiinsaa jenna. ABOn bilisummaan Oromiyaa hanga dhugoomutti wareegama barbaachisu mara basuuf qophi ta'u keenya irra deebinee mirkaneesina.

Oromiyaan ni bilisomti!

Addaa Bilisummaa Oromoo